Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (GWA)
Global Waqeffanna Council

Bergen, 25.06.2018

# Ibsa Ejjennoo xumura Jila GWA

Ayyaanni waggaa 10ssoo hundeeffama GWA Waxabajjii 22-24 bara 2018 Norway, Bergen keessatti gaggeeffame milkiin xumurame. Ayyaana kana irratti hayyooti Oromoo Australia, USA (Washington DC fi Minnesota), Kanaadaa, Awuroppaa fi Oromiyaa keessaa irratti hirmaatuun beekumsa, ogummaa fi muuxannoo qorannoon bira gahan dhiheessaniiru. Hirmaannaan isanis guddina amantii fi aadaa Oromoof gahee guddaa kan gumaachuudha.

Guyyoota sadan keessatti waan ta'an keessaa kitaabni Waaqeffannaa GWAn qopheeffamee maxxanfame, eebbifameera. Abbaa Gadaa Bayyanaa Sanbatuu fi Obboo Dirribii Damisee dabalatee, hayyoonni fi beektonni Jila GWA kana irratti argaman beekumsaa fi muuxannoo guddina amantii fi akkasumas Gadaa Oromoof gargaaru nuuf qoodaniiru; yaadota garaagaraa irrattis mariin bal'aa fi bilchinaataa godhameera. Muuxannoon marii kana irraa argames, guddina amantii fi aadaa Oromoo egeree keessatti gahee guddaa qaba; sochii Gadaa, amantii fi aadaa Oromoo guddisuuf godhamaa jiru keessattis waa guddaa akka gumaache, qophiin jila kanaa agarsiiseera.

Gadaa, Amantii fi aadaa Oromoo deebisanii jabeessuun, gama tokkoon, guddina aadaa fi eenyummaa Oromoof gahee guddaa qabaata. Gama biraan, buuyyaaleen (values) amantii fi aadaa Oromoo keessa jiran akka ifa bahanii guddatan, sochii hawaas-dinagdee keessattis dabalamanii mul'ataniif, qorannoon bu'uura guddaa kaayeera. Kana caalas, itti fufiinsaan babal'isuun akka barbaachisaa hubatameera.

Akkuma gaarummaan jiru, gochaaleen aadaa fi amantii ummata Oromoo faallessan mul'achaa jiru. Gochaaleen jiruu fi jireenya hawaasaa faallessan kan akka Naamusaa fi Safuu Waaqeffannaa ummata keenya miidhaa jiran. Hir'inooti kunneen akka yeroo dheeraa keessatti furamaniif GWA qaama furmaataa ta'ee akka hojjatu irratti waliifgalameera. Kanaaf, nuti hirmaattonni Ayyaana waggaa 10ffaa hundeeffama GWA murtiilee fi ejjannoolee armaan gadii fudhannee jirra:

1. Gadaan guddatee jiruu fi jireenya ummata keenyaa keessatti akka madda furmaata ta'uuf, sirna Gadaa sirna baruu fi barsiisuu keessatti akka dabalamu gaafanna.
2. Waaqeffannaan amantii ganamaa kan dhalooti Kush ittiin boonan waan ta'eef, Oromiyaa, Finfinnee keessatti akka Galma Guddaa qabaatuuf, karaa mootummaa deeggarsi barbaachisu akka godhamuuf jabeessinee gaafanna.
3. Miseensoti Waaqeffannaa lafa awwaalchaa argachuun mirga uumamaa waan ta'eef, Oromiyaa keessatti hatattamaan bakka awaalchaa akka argatan gaafanna.
4. Irreechaan aadaa eenyummaa Oromoo mul'isu waan ta'eef, Irreechaan akka Guyyaa Ayyaanaa biyyaatti Dhahaa biyyaa (Calender) keessatti akka galmeeffamu gaafanna.
5. Irreechaan aadaa eenyummaa Oromoo mul'isu waan ta'eef, Finfinnee keessatti akka deebi'ee wiirtuu Irreeffannaa qabaatu gaafanna.
6. Gadaa fi Waaqeffannaan dirqama uumama eeguu fi kunuunsuu waan qabaniif, naannoo fi bosona Oromiyaa eeguu fi kununnsuu keessatti akka bal'inana hirmaatanii hojjatan gaafanna.

Gadaa, aadaa fi amantii keenya deebisuuf jabaannee hojjenna!

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa ★ GWA ★ Global Waqeffannaa Council

Address: Lokketodalen 33, 5136 Bergen - Norway
Website: http://www.waaqeffannaa.com/
tel: +47 991 51 829
Organization no: 993 543 225